# سُورَةُ الزَّلزَلَةِ
# Suuraa Zalzala`aa

| | |
|---|---|
| *Dura dursoo isiin suuraa zalzala'aati je'amti. | قبل كل شئ هذه هي سورة الزلزلة |
| *Isiin suuraa madiina'aati | وهى سورة مدنية |
| *Aayaanni isi'ii saddeeti 8 | وآياتها ثمانيه |
| *Lakkooysi isi'ii sagaltamii sagali .99 | وعددها تسع وتسعون |
| *Isiin ,eega {suuratunnisaa`iitii} buute. | نزلت بعد سورة النساء |
| *Jalqabni dubbi`ii maqaa rabbii rahgmata qabuutii | بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ |
| **1}***Gaafa dachiin sosso`iinsa jabaa sossoo-famte qiyaaman dhaabbatu'uuf jecha | إِذَا زُلْزِلَتِ الْأَرْضُ زِلْزَالَهَا ﴿١﴾ |
| **2}***Gaafa dachiin, waan garaa isi`ii keessa jiru if keessaa baafte, kan akka warra isii | وَأَخْرَجَتِ الْأَرْضُ أَثْقَالَهَا ﴿٢﴾ |

keessatti awwaalamee jiruu,kan akka ziqiya, dhadhaa lafaa {bitroola} faa, garaa isi`ii keessaa if hartee, dudda isi`ii gubba`atti baafte irraa babbaqeyxee.

| | |
|---|---|
| **3}***Kan namni kaafiraa ,kan eega du`anii ka`uu hin yaanne, takkaa moromu, hoggaa dachiin sossootee waan isii keessa jiru,if keessa harte, maaltu argamee dachiin ak-kana taate je`u. | وَقَالَ الْإِنسَانُ مَا لَهَا ﴿٣﴾ |
| **4}***Gaafas dachiin,waan isi`irratti dalagame hunda ,kheyrii tayuu sharrii tayuu, ni ode-essiti. | يَوْمَئِذٍ تُحَدِّثُ أَخْبَارَهَا ﴿٤﴾ |
| **5}***Rabbiin kee dachiidhan ,waan sirratti argame hunda , himi je`ee ajajee. | بِأَنَّ رَبَّكَ أَوْحَىٰ لَهَا ﴿٥﴾ |
| *Gaafa san namni dirree qiyaama'arraa adda yaa`a, | يَوْمَئِذٍ يَصْدُرُ النَّاسُ |
| *Kophaa ,adda ,babayanii ,kuun mirga ka-raa jannataa deemee, kuun bitaa karaa zaa-baa deemee, | أَشْتَاتًا |
| **6}***Akka jazaa dalagaa isaanii jannata tayuu, azaaba tayuu ,ija isaanitiin ,arganiif ,yookaa | لِّيُرَوْا أَعْمَالَهُمْ ﴿٦﴾ |

agarsiifamaniif jecha

فَمَن يَعۡمَلۡ مِثۡقَالَ ذَرَّةٍ خَيۡرٗا يَرَهُۥ ٧

*Duuba namni dalagaa gaarii odoo ,waan xiqqoo, hanga mixi`illee taatee dalage,
7}*Sawaaba khayrii, yookaa waan gaarii sanii ni argata takkaa ni arga.

وَمَن يَعۡمَلۡ مِثۡقَالَ ذَرَّةٖ شَرّٗا يَرَهُۥ ٨

*Namni sharrii odoo xiqqoo hanga mixi`illee taatee dalage,
**8}***Qixaaxa isiidhaa arguudhef taa`a duuba namni kana quba qabu , akkamiin khayrii dhiisee sharrii dalaga ? tanaaf nabi Muhammad {nageenyi isarraa haa jiraatuu} {tola namaa ooltu ,xiqqaa jettee tola ooluu hin dhiisin,odoo bishaan okholee jalatti hafe, nama dhugaatii fedhuuf, xuruursullee taatee ,odoo obboleessa kee ,yookaa jaala kee, fuula diriira`aan argullee taatee} je`an,
Ormi islaamaa nama waa kadhatuuf, waan xiqqoo harkaa qaban, homaa isaan gootu takkaa sawaaba ittin argannu je`anii kennuu dhiifnan, takkaa isaan Rabbiin waan gurgudduu malee,waan xixiqqo`orratti naman qixaaxuu seenan, ammas Rabbiin waan gurguddo`orratti sawaaba namaa kenna malee,waan xixiqqoodhaa mitii, seenan, Rabbiin aayata tana buusee wanni isin dalaydan hangamuu haa xiqaattuu, yoo kheyrii taate, sawaaba, irratti argattan,yoo sharii taate ,irratti qixaaxamtan je`ee, dalagaa kheyri`itti isaan mirqaansee, sharri`irraa isaan fageesse.